# LIDA Stories

lidastories.net

## Gara Noorweey dhufuu

✎ Aamiina
Julie Cornelia van Walsum
Muhammed Berisso

This work is licensed under a Creative Commons Attribution 4.0 International License.
https://creativecommons.org/licenses/by/4.0

# Gara Noorweey dhufuu

✎ Aamiina
Julie Cornelia van Walsum
Muhammed Berisso

5

Afan Oromo om

Anii fi obboloonni koo lamaan Muddee 2016 gara Noorweey dhufne. Noorweey keessatti akkuma Somaaliyaatti hoo’a jenne waan yaanneef uffata ganna uffannee turre. Haata’u malee, buufata xiyyaaraa yommuu geenyu, qorri bu’aa ture. Qorrinee turre akkasumas qilleensi ni qorra ture. Boorsaa muraasa fidne ta’us, uffata gannaa qofa of keessaa qabu turan.

Qorra ta’us, gara Noorweey yommuu dhufnu baay’een gammade. Dhumarratti haadha koo ishee waggaa jahaaf hin argine deebisee wal arge. Haati koo fi hiriyyoonni ishee lama nu qunnaman. Yeroo ishee arginu gammachuudhaan boonne. Konkolaataa keenyaan gara magaalaa xinnoo haarmeen jiraattutti deemne.

Guyyoonni jalqabaa magaalaa Harmeen keessatti jiraattuu baayyee kan hin baramne turan. Qabbanaa fi qorri waan tureef waan baay’ee arguu hin dandeenne. Daandiiwwan guutummaatti duwwaa turan. Namoonni muraasni ani wal arge qorraa fi michuu hin qabne natti fakkaatu turan. Somaaliyaa keessatti bakka hundatti namoonni waan jiraniif, asitti wanti hundi akka hin baramne natti dhaga’ame. Haati koo fi hiriyyoonni ishee kennaa tokko tokko nuuf kennanii, achiis uffata qorraa bitachuuf nu fudhattee deemte.



Osoon Somaaliyaa keessa turee silaa ammatti haadha ta’ee natti fakkaata. Tarii duraanuu ijoollee hedduu qaba ture. Osoo Somaaliyaa keessa jiraadhee carraa amma argadhe hin argadhu ture. Noorweey keessa jiraachuun koo carraa akka ta’e natti dhagahama.

Bara dhufu kutaa fayyaa fi misooma dargaggoota keessatti barnoota sadarkaa lammaffaa nan eegala. Gara fuulduraatti hojjetaa dargaggoo ta’uu barbaada. Yeroon barnoota koo xumuru abjuun koo hojii dhaabbataa argachuudha. Akkasumas akkaataa konkolaataa itti oofamu barachuu fi hayyama konkolaachisummaa koo argachuu barbaada.



Ayyaana ayyaana masqalaa booda koorsii afaan Noorweey wiirtuu barnoota ga’eessotaa keessatti kennamutti makame. Mana barumsaa idilee tokko jalqabuu koo dura waggaa lamaaf achitti baradhe. Amma waggaa dhumaa irra jira, michoota haaraa hedduu horadheera. Namaan walii galuu fi namoota biroo wajjin wal arguun baay’ee na gammachiisa.

Barnoota booda gara giddugala tola ooltotaan geggeeffamu dhaqee hojii manaa koo irratti gargaarsa argadha. Giddugalichatti koorsii huccuu hodhuus itti makameera.



Somaaliyaa keessatti mana barumsaa Qur’aana malee mana barumsaa dhaqee ykn koorsii tokkollee fudhee hin beeku. Akkamitti akka dubbisuu fi barreessu hin beeku ture. Amma akkaataa itti barreessan afaan Somaalee fi Noorweey tiin baradheera, akkasumas gosoota barnootaa biroo hedduu baradheera. Barnoota malee nama akkan hin taane natti dhaga’ame. Amma beekumsaa fi gammachuun natti dhagahama.